AKKAMITTI AKKAAWUNTII UUMUUN AKKA DANDA'AMU

Daldala keessan Waajjira Isteet Sekreteery Minnesota keessatti galmeessuuf, Akkaawuntii kan Toora Interneetii (Online Account) uumuu isin barbaachisa.

Hubachiisa: Mudde 8, 2014 irraa eegalee galmee toora interneetii guutuuf Akkaawuntii Toora Interneetii barbaachisa. Akkaawuntiin Toora Interneetii guyyaa kana dura uumame kamiyyuu kanaan booda seera qabeessa miti. Akkaawuntiin Toora interneetii salphaatti maqaa fayyadamaa fi jecha icciitii galmee ykn ajaja toora interneetii xumuruuf kan gargaaruudha. Sirna Daldalaa fi Qabiyyee irratti galmee/ajaja guutuuf Akkaawuntii Toora interneetii tokko fayyadamuu dandeessu.

1. Akkaawuntii toora interneetii uumuun adeemsa yeroo tokkotti raawwatamudha. Akkaawuntii toora interneetii uumuuf:

- Gara https://www.sos.state.mn.us deemuun gara 'Business Filings Online' jedhutti taraa, sana boodas 'Create an Account' kan jedhu cuqaasaa
- Bakkee teessoo imeelii jedhu keessatti teessoo imeelii keessanii galchaa
- Jecha icciitii (password) yaadachuu dandeessan uumaa. (Ulaagaalee jecha icciitii armaan gadii ilaalaa)
- Haalawwanii fi dambiiwwan fudhachuuf saanduqa sana irratti cuqaasaa.
- "Create online account" kan jedhu cuqaasaa.

Jechoonni icciitii dirqamaan:

- yoo xiqqaate arfiilee 8 dheerina qabaachuu qaba
- yoo xiqqaate qubee guddaa tokko of keessaa qabaachuu qaba
- yoo xiqqaate qubee xiqqaa tokko of keessaa qabaachuu qaba
- yoo xiqqaate lakkoofsa tokko of keessaa qabaachuu qaba

2. Imeelii mirkaneessaa marsariitii business.services@state.mn.us irraa eegaa (linkiin sa'aatii 24f hojiirra kan oolu ta'a).

Yoo sa'aatii 24 keessatti imeeliin kan isiniif hin ergamne ta'e, galmee 'spam' keessanii ilaalaa. Yoo ammallee tokkoo isaanii kan hin arganne ta'e, bilbila: 651-296-2803 irratti nuuf bilbilaa

3. Itti aansuudhaan, teessoo imeelii keessanii mirkaneessaa:

- Yeroo imeelii sana argattan, linkii imeelii keessa jiru cuqaasaa ykn linkii sana cuqaasuun 'open hyperlink' filadhaa.
- Kunis gara Iskiriinii teessoo imeelii fi jecha icciitii tarkaanfii 1ffaa irratti uumtaniitti isin geessuu danda'a.**Tarkaanfiin kun gara marsariitichaatti isin HIN galchu**, inni kun, imeelii sirrii ta'e isiniif dhiheessuu keenya mirkaneessuuf qofa yaadameeti.

4. Gara marsariitichaa seenaa.

Teessoo imeelii fi jecha icciitii wal fakkaataa fayyadamuudhaan gara marsariiticha seenuu dandeessu.

Hubachiisa Waa'ee Daldala Faayinaansii karaa US Baankii:
Marsariitiin US Bank 'User ID' fi 'Password' ni gaafata. **Kun 'User ID' fi 'Password'** marsariitii Waajjira Isteet Sekreteery fayyadamnu MITI, akkasumas herrega baankii dhuunfaa ykn daldalaa keessanii wajjin kan walqabatu MITI.

Marsariitiin US Baankii kaffaltii elektirooniksii karaa Waajjira Isteet Sekreteery Minnesota tiin xumuruuf kan gargaaruudha. 'User ID' fi 'Password' marsariitii USBaankii irratti argamu **HIN BARBAACHISU**. USBankii osoo hin seenin kaffaltii raawwachuu itti fufuuf "**Pay Without Registering**" kan jedhu cuqaasuu dandeessu.

FAAYIDAA JECHA-ICCITII FI AKKAAWUNTII

Akkaawuntii keessanitti seenuuf danqamaa jirtuu? Dhimmoonni waliigalaa tokko tokko kunooti.

Dhimma #1: Akkaawuntii uumtan jedhee yaadama, garuu akka seentu siif hin hayyamu.

Kana jechuun teessoo imeelii keessanii gonkumaa hin mirkaneessine jechuu ta'uu danda'a. Erga teessoo imeelii fi jecha icciitii galchitanii "create account" kan jedhus erga cuqaaftaniin booda ammallee gara imeelii keessanii deemuun imeelii kan mirkaneessaa marsariitii business.services@state.mn.us irraa barbaaduu qabdu.

Yeroo imeelii kana argattan linkii imeelii sana keessa jiru cuqaasuun gara marsariitii imeelii keessanii itti mirkaneessitaniitti isin fida. Erga mirkaneessitaniin booda "Sign In" kan jedhu cuqaasuudhaan gara marsariitii sanatti seenuu dandeessu. Sana boodas odeeffannoo keessan galchuudhaan galmee ni xumurtu. Odeeffannoo erga galchitanii booda "Save" kan jedhu irratti cuqaasuu dandeessu.

Yoo sa'aatii 24 keessatti imeelii keessan kan hin mirkaneessine ta'e, irra deebi'anii jalqabuu fi marsariitii https://mblsportal.sos.state.mn.us/Account/Register irratti cuqaasuudhaan adeemsa kan galmee irra deebiin jalqabuu qabdu.

Dhimma #2: Jecha icciitii irraanfattanii jirtu.

Yoo jecha icciitii kan dagattan ta'e 'Sign In' kan jedhu cuqaasaa.

Linkii "Forgot Pasword?" jedhu irratti cuqaasaa.

Teessoo imeelii keessanii erga galchitaniin booda "Request Password Reset" kan jedhu cuqaasaa.

Imeelii kan mirkaneessaa marsariitii business.services@state.mn.us irraa eegaa.

Yoo sa'aatii 24 keessatti imeelii keessan keessatti linkii 'reset password' jedhu hin arganne ta'e, irra deebiin jalqabuu, akkasumas 'Forgot Password?' adeemsa jecha icciitii deebisanii galchuu irra deebiin taasisuu.

Dhimma #3: Yeroo isin uumuu fi akkaawuntii gochuuf yaaltanitti ergaan 'Email address is unavailable' jedhu isiniif dhufa.

Kunis teessoon imeelii keessanii caasaa keenya keessa akka jiru agarsiisa. Isin (ykn namni biraa teessoo imeelii keessanii fayyadamu) dursitanii akkaawuntii uumtaniittu. Yoo jecha icciitii akkaawuntii kanaa kan irraanfattan ta'e ykn hin beekne ta'e, qajeelfama armaan olii fayyadamuudhaan jecha icciitii keessan deebiftanii galchuu qabdu.

Dhimma #4: Yoo ergaan 'Email address or password is invalid' jedhu isin qaqqabe.

Teessoo imeelii fi jecha icciitii keessan irra deebiin barreessuuf yaalaa. Mallattoo "@" jedhu yaadattanii? Teessoon imeelii keessanii mallattoo "@" qabaachuu fi ".com", ".org .net" fi kkf-niin xumuramuu qaba. Yoo ergaan dogongoraa mul'achuu ittuma fufe, akkaawuntii toora interneetii haaraa uumuuf yaalu dandeessu.

Dhimma #5: Akkamittan Teessoo Imeelii Akkaawuntii Toora Interneetii koo irratti jijjiiruu danda'a?

Teessoon imeelii jijjiiramuu hin danda'u. Teessoo imeelii haaraa jalatti akkaawuntii haaraan uumamuu qaba.